

Biiroo Barnootaa Oromiyaa



Gabaasa Raawwii Hojii Waggaa Bara 2014

**Wax, 2014
Finfinnee**

Baafata

Seensa..... 3

1. Carraa Barnootaa..... 9

1.1.	Baballina Dhaabbilee Barnootaa.....	9
1.2.	Hirmaannaa Barattootaa Waliigalaa.....	9
1.3.	Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu	11
1.4.	Gahumsa Keessoo Barnootaa (internal efficiency)	11
2.	Qulqullina Barnootaa	12
2.1.	Qulqullina barnootaa mirkaneesuuf hojiwwaan hojjetaman	12
2.1.1.	Hira Barsiisaa - Barataa	12
2.1.2.	Hira Kitaabaa – Barataa	12
2.1.3.	Hira Barataa - Daree	12
2.2.	Fo’annaa fi Qophii Barsiisootaa	12
2.3.	Faasilitii Mana Barnootaa Guutuu.....	15
2.4.	Sirna Barnootaa.....	17
2.5.	Barnoota ICT	18
2.6.	Pirojektii Ijaarsa Manneen Barnootaa.....	19
3.	Sirna Madaallii.....	19
3.1.	Bu’aa Barachuu Barattootaa	19
4.	Dhimmoota Hunda Galeessa (cross-cutting Issues).....	20
4.1.	Idileessa Kornayaa.....	20
4.2.	Hordoffifi Dagaagina Naamusaa	21
4.3.	Bulchiinsa Humnaa Namaa	22
4.4.	Tajaajila Seeraa	23
4.5.	Bulchiinsa Qabeenyaa	23
4.6.	Tajaajila Odiitii Keessaa	23
4.7.	Kominikeshinii Barnootaa.....	24
4.8.	Faayinaansii Barnootaa	24
5.	Sirna Deeggarsaa fi Hordoffii	24
5.1	Supparviiziyinii Barnootaa	24
5.2.	Gamaaggama Raawwii Hojii	25
6.	Ciminaa, Hanqinaafi Rakkoo mudate	25

Seensa

Barnootni bu'uuraafi meeshaa ijaarsa Misoomaa, dinagdee, hawaasummaa fi siyaasa biyya tokkoo ta'uun shoora ol'aanaa taphata. Hunda caalaa barnootni meeshaa tulluun hiyyummaa itti diigamu waan ta'eef guddina ariifachiisaa fiduuf Karoora Misoma Barnootaa galmaan gahuu keessattii lammii dorgomaa ta'e, naamusaa fi amala gaarii qabu, itti gaafatamummaa kennameef bahuu danda'u, Ijaarsa Sirna Diimookiraasiifi Bulchiinsa Gaarii dhugoomsuu danda'uufi ilaalchaa akkasumas gocha kiraa sassaabdummaa dhabamsiisuuf taasifamu keessatti gooda fudhannaa ol'aanaa taasisu horachuu kan dandeessisu barnoota qulqullinna qabu, wal-gitiinsaa fi gahumsi isaa eegame waliin gahuuf toora xiyyeeffannoo karoora misooma barnootaa ittifufiinsa hojii irra oolchuun murteessaaadha.

Kanaafuu, karoorri bara 2014 toorawwan xiyyeeffannoo gurguddoo irratti dabalataan fedhii hawaasa barnootaa guutuuf Pirojeektota manneen barnoota Bultii Addaa, Ifa Boruufi Bu'uura Boruu jalqabaman xumursiisuun adeemsa baruubarsiisuu jalqabeera. Haaluma kanaan gabaasni raawwii hojii waggaa Bara 2014 akka armaan gadiitti qopha'eera.

Mul'ata

Lammii dandeettii, naamuusa, jaalala hojii fi biyyaa qabu baay'inaafi qulqullinaan horatame arguu.

Ergama

Carraa barnootaa, walgitiinsa, qulqullinniifi ga'umsi isaa mirkanaa'e sagantaa idilee fi al-idileetiin babal'isuun dhaabbilee barnootaa keessatti hojii baruufi barsiisuu cimsuu akkasumas qorannoofi qu'annoo bal'inaan gaggeessuun rakkoolee furuu, aadaa dimookiraasiifi bulchiinsa gaarii dagaagsuun humna nama baratee hiyyummaa seenaa gochuun imala badhaadhinaa milkeessuu danda'u baay'inaafi qulqullinaan horachuu.

Sonaawwan /Duudhaalee

Biiron Barnoota Oromiyaa Sagantaa misooma barnootaa galmaan gahuuf, caasaaleen barnootaa hundi sonaawwan armaan gadi irratti akka hojjetan taasifamee jira.

- Gaafatamummaa - Kutannoo
- Hirmaachisummaa - Iftoomina
- Bu'a qabeessummaa - Qulqullina
- Fakkeenyummaa - Kalaqa

Toora Xiyeeffannoo (Strategic Theme) gabaasaa

- Carraa Barnootaa Baballisuu
- Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu
- Qulqullina Barnootaa Mirkaneessuu
- Ga'umsa Keessoo Barnootaa fooyyassuu
- Maxxansa Kitaabaafi hojiirra olmaa sirna barnootaa haaraa
- Ijaarsa bu'ura boruu

Ka'uumsa Gabaasichaa

- Raawwii Karoora Hojii Kurmaana 3ffaa Bara 2014
- Dub-deebii W/ra Caffee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa
- Raawwii Hojii Caasaalee Barnootaa
- Gamaaggama Raawwii Hojii kurmaana 3ffaa
- Supparviiziyinii Barnootaa Geggeeffame

Kutaa I: Dub-deebii Gabaasa Kur.3ffaa

Duubdeebii Raawwii Hojii Kur. 3ffaa irratti W/ra Caffee M/N/Oromiyaatin kenname

Barnoota al-idilee ilaalchisee

- Raawwiin baay'inna *haala mijeessitoota* barnoota ga'eessotaafi 30,607 (50%),
- Buufata Barnoota filannoofi Haala mijeessitoonni BBF xiqqaa ta'uu (41.2% fi 51%),

Ibsa/Tarkaanfii fudhatame

- Sababiin Raawwiin haala mijeessitoota barnoota ga'eessotaa kan gad-bu'eef:
 - ✓ Kafaltiin (**Miindaan**) haala mijeessitoota Kontiraataa **gad-aanaa(Qar.1013)** waan ta'eef gad-lakkisuun(fast turnover) baay'achuu;
 - ✓ Sababa **Hanqina baajetaan** Aanoleen haala mijeessitoota Kontiraataan **qacarachuu dhabuu**;
 - ✓ Sababa rakkoo **Nageenyaa fi Hongeen** raawwiin Barnoota Ga'eessotaa gadi waan bu'eef
- Raawwiin buufata barnootafi haala mijeessitoota barnoota bu'ura filannoo(BBF) ilaalchisee **Sababni gad-bu'eef**:
 - ✓ Baratootni gulantaa 2fi 3ffaa gara idileetti ce'anii waan barataniif;
 - ✓ Irra caalaatti sagantichi hojiirra kan oolan Anaalee Horsisee Bulaa yemmuu ta'u,Godinaaleen kun sababa hongeeffi nageenyaatiin rawwiin gadi bu'aa ta'ee jira. Fkn. Boorana, Gujii,Baalee Bahaa,Harargee Bahaa,Shawaa Bahaa

Foyya'iinsa MBfi Bu'aa Barachuu Barattootaa Ilaalchisee yaada kenname

- Manneen barnootaa kutaa 1-12 jiran keessaa waliigala hanga kurmaana 3ffaatti barattoonni **719,177(7.5%)** sababoota adda addaatin hafanii jiraachuu.
- Barattoonni kutaa 1-4 baratan keessa 1,304,668(26.1%) dubbisuu kan hin dandeenye ta'uu. Kana gadi buusuufis hojiin hojjetamaa hin jiru.
- Mana Fincaanii fooyya'aa bilookii 28 manneen barnootaa 14 keessatti ijaarsisuuf karoofamee raawwiin 16(57%) yoo ta'e iyyuu gabaasa keessatti 100% raawwatameera jechuun gabaasuu.

- Manneen barnootaa sad.2ffaa qormaata biyyoolessaa bara 2013tin tokko illee qabxii seensa yunivarsiitii kan hin galmeessine jiraachuu

Tarkaanfilee dhimma Fooyya'insa MB fi Bu'aa barachuu barattoota irratti Fudhataman

Haftee barattootaa xiqqeessuu/kan hafan deebisuu, Dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa fooyyessuu, qabxii qormaata Kutaa 12ffaa akka fooyya'u gochuuf tarkaanfilee fudhataman

Haftee Barattootaa ilaalchisee:

- ✓ **Sababaa rakkoo nageenyaan** barattoota hafan keessaa **147,437** deebi'anii jiru.
- ✓ **Sababaa rakkoo hongeen barattoota** hafan keessaa **9,408** deebi'an jiru.
- ✓ Waliigala barattoota sababootaa adda addaan hafan keessa **156, 845** sochiifii tattaaffii godhameen gara mana barumsaatti deebisuun danda'amee jira.

Dandeettii dubbisuufi barreessuu barattootaa fooyyessuuf tarsiimoo aadaa dubbisuu jajjabeessuu qopheessuun gadi bu'ee jira. Dabalataan tooftaalee adda addaa dubbisuufi barreessuu dandeessisan kanneen akka:

- ✓ **Gaaddisa dubbisaa** barattootaa qopheessuun iddoo dubbisuufi barreessuuf mijataa taasifameera;
- ✓ **Guyyaa dubbisaa torbeefi** ji'aan murteessuun **dorgommii dubbisaa** akka geggeeffamu ta'ee jira;
- ✓ Barattoota cicimoo **goota dubbisaa** jechuun moggaasuun miirri dorgommii Barattoota gidduutti akka uumamu taasifamee jira,
- ✓ Barattoota dubbisuufi barreessuun **qabxii caalmaa galmeessisan maqaafi suuraa** isaanii boordii beeksisa MB keessatti torbee tokkoof maxxanfamee akka turu taasifameera.

Haaluma kanaan barattoota Kutaa 1ffaa fi 2ffaa dhuma wagga irratti **95%** barreessuu fi dubbisuu akka danda'aniif karoorfamee raawwiin isaa **82%** yoo ta'u;

Kutaa 3ffaa fi 4ffaa dhuma wagga irratti **100%** barreessuu, dubbisuu fi shallaguu akka danda'aniif karoorfamee raawwii **90.75%** irra jiru.

Dandeettii dubbisuufi barreessuu daran cimsuuf Bara barnootaa 2015tif Tarsiimoo Madaallii dandeettii dubbisuufi barreessuu haaraa (EGRA, EGMA) qopheessuun hojiira oolchuu, supparviiziyinii keessoo (inbuilt supervision), supparviiziyinii walii waliinii (collegial supervision), muuxannoo waljijjiirraa cimsuun bu'aa barachuu barattootaa daran fooyyessuuf ni hojjatamaa.

Qabxii qormaata Kutaa 12ffaa ilaalchisee

Barattoota qormaata fudhatan keessaa 60% Yunivarsiitii galchuuf karoorfamee raawwiin 53% yoo ta'u karoora qabame keessaa raawwiin 88.3% irra jira.

Qabxiin kun akka biyyaatti yoo ilaalamu Barattoota Yunivarsiistii galan keessaa baayyee olaanaadha. Haata'u malee qabxii barattootaa daran fooyyessuuf tarkaanfilee fudhatamaa jiran keessaa isaan gurguddoon:

- Manneen barnootaa Sad.2ffaa qormaata biyyoolessaatiin **sadarkaa gad-‘aanaa** irra jiran Godinaafi Aanaan adda bahee jira;
- Manneen barnootaa kanneeniif:
 - ✓ Deeggarsiifi hordoffii cimaan,
 - ✓ Tajaajila supparviiziyinii keessoo (inbuilt supervision) cimuu,
 - ✓ Barnoota dabalataa (tutorial) kennuufi galteewwan murteessoo ta’an guutuun akka furmaata yeroo gabaabaatti fudhachuun irratti hojjatamaa tureera;
- **Adeemsa baruufi barsiisuu qabatamaafi bu’a qabeessa taasisuuf barsiisota sad.2ffaa “applied”n eebbifaman akka naannootti leenjii “pedagogy” kennuufiin haaldureen barbaachisu (moojula leenjii qopheessuu, iddoo itti leenji’aniifi qaama leenjisu) qophiin xumuramaa jira.**

Ijaarsa mana fincaanii ilaalchisee

Kan gabaafame bilookiin 16 (100%) xumurameera kan jedhu yoo ta’u bilookiin 11 immoo hojii keessa jira kan jedhu dha (gaafii hubannoo)

Dhimmoota Misooma Barsiisaan Walqabatan

- Raawwiin hooggantoota manneen barnootaa Dagaagina Ogummaa Walitti fufaa (DOW) hojjatan gadi bu’aa ta’uu. (Sad.1^{ffaa} 53.3%, sad 2^{ffaa} 46.5% qofaa ta’uu),
- Raawwiin Leenjii deggarsaafi hordoffii ‘coaching’ Dura bu’ootafi supparvaayizaroota MB gad-aanaa (23.4%) ta’uu,
- Raawwiin qaxarrii barsiisota BSTD hanga kutaa 12ffaa bara hanga kur. 3^{ffaa} bara 2014tti (29%) qofaa ta’uu,
- Leenjiin yeroo dheeraa (up grading) akkaataa karoofameen raawwatamuu dhabuu.

Dhimmoota Misooma Barsiisaan Walqabatan irratti Tarkaanfilee Fudhataman

- **Hoggansa manneen barnootaa Dagaagina Ogummaa Walittifufaa (DOW/CPD) irratti** hirmaannaan jiru raawwiin gad-bu’aa ta’uun isaa hubatamee manuwaaliin leenjiifi viidiyoon ibsa manuwaalichaa (lecture) **DOW** dabalatee **mata dureewwan gurguddoo shan** irratti addatti qophaa’ee manneen barnootaa hunda irratti leenjiin hooggantoota manneen barnootaafi barsiisotaaf kennamee jira.
- Dabalataan sagantaa **Dagaagina Ogummaa Walittifufaa (DOW)** keessatti hirmaachuun dorgommii sadarkaa guddinaafi carraa barnootaa keessatti ulaagaa tokko ta’ee akka ilaalamuu qabu qajeelfama sadarkaa guddinaafi dorgommii keessaati akka hammatamee hojiirra oolu ta’ee jira.
- Leenjiin “coaching” supparvaayizarootaafi dura bu’oota manneen barnootaafi madaallii walitti fufaa daree keessaa (Continuous Classroom Assesment-CCA) barsiisota Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraa(BSTD)f kennamu marsaa lamaan kenname. Leenjichi baajata **Baankii Addunyaa** irraa argamuun kallattii ministeera barnootaan dhufa. Yeroo ammaa kana marsaa duraatiin barsiistonni 1,875(**43%**) kan leenji’an yoo ta’u raawwiin fooyya’ee jira. Leenjii marsaa 2ffaa kennuuf akkatuma **Baankiin Addunyaa** mallaqa ergeen karoorri qabame guutumatti kan xumuramu ta’a.

- Qacarrii barsiisota BSTD hanga kutaa 12ffaatti geggeeffamuu yeroo tokkotti kan xumuramu osoo hintaane haaluma baajatni argamuun itti fufaa kan adeemuudha.

Ragaa qacarriin barsiistota hanga kurmaana 3ffaatti jiru:

- Barsiistota BSTD karoorri **3,000 raawwiin 2,968(98.9%)** kan
- Barsiistota Sad.1ffaa dippiloomaan **karoorri 7,502 raawwiin 2,693 (36%)**
- Barsiistota Sad.2ffaa **digiriin karoorri 4,860 raawwiin 2,587 (53.2%) Waliigala karoorri 15,362 raawwiin 8,248(53.7%)** ta'ee jira.

- **Ragaa qacarriin barsiistota** kun karoora qabameen walcinaa yoo ilaalamu kan Sad 1ffaafi 2ffaa daran gad-bu'aadha.

Sababoota raawwiin qacarrii akka gad-bu'u Taasisan:

- ✓ Barsiisonni **Afaan Amaaraa fi Afaan Ingilizii** barsiisan qacaruuf gabarraa dhabamuu (Kolleejjii fi Yuunivarsiwwan) irraa akaakuu barnotaa kanaan kan eebbifaman daran xiqqaa ta'uu ykn dhabamuudha.
- ✓ Akaakuu barnotaa biro ammo barsiistota qacaruuf hanqinni baajata sadarkka Aanaafi Bul.magaalotaatti daran xiqqaa ta'uu dha;
- Weerara dhibeen **COVID-19** mudateen wal qabatee Yuunivarsiitiwwanii fi Kolleejjonni yeroo gannaa barsiisota simatanii leenjisuun **addaan cite ture**,Kun ammoo carraan barsiisonni **ganna leenji'an akka xiqqaatu** ta'ee jira.
- Leenjii gaggaboon walqabatee baakka hanqinni baajata mudate irraa kan hafe leenjiiwwan hedduun kennamanii jiru. **Fakkeenya:**
 - ✓ Leenjii barsiisota BSTD 3583 kennuuf karoorfamee **3511(dhi. 1515 dub.1996) 98% raawwatee jira;**
 - ✓ Leenjii Madaallii Walitti Fufaa Daree keessaa(Continuous Classroom Assesment) barsiisota qaxaleefi supparvaayizerootaa **2,868 kennuuf karoorfamee raawwiin 2617(91.2%);**
 - ✓ **Leenii humna raawwachiisummaa hoggansa manneen barnotaa** matadureewwan filataman irratti sadarkaa Aanaatti **26,815** kennuuf karoorfamee raawwiin **25,259 (94%)** irra jira;
 - ✓ Leenjii barsiisota Sad.1ffaafi 2ffaa **231,841'f** kennuuf karoorfamee raawwiin **215,025 (93%)** irra jira.
 - ✓ Leenjii Coaching (deggersaa hordoffii) supparvaayizerootaafi dura bu'oota manneen barnotaa **4,300** leenjisuuf karoorfamee akkuma olitti ibsame sababa bajataarraan kan ka'ee **1,875(43%)** qofa leenjisuun danda'mee jira.
 - ✓ Walumaa gala bakka muraasatti sababaa **hanqina baajataan** walqabateen raawwiin xiqqaa ta'uun ala raawwii leenjii gaggabaa fooyya'aa agarsiisa.

Raawwii Inispeekshinii Barnoota Waliigalaa

Ibsa/Tarkaanfii Fudhatame

- ❖ Raawwiin **Inispeekshinii Irra-deebii** BSTD 47.9% kan ta'eef hanga kur.3ffaa karoora waggaa irraa waan tureefidha.Yeroo ammaa garuu, raawwiin madaallii MB BSTD 412 (96%) irra gahee jira.

Pirojektii Ijaarsaa Ilaalchisee

- Ijaarsi projeektota bultii addaa 7nuu raawwiin isaanii 93% fi ol yoo ta'aniyyu, hanga ammaa tokkollee xumursiisuu dhabuu.
- Ijaarsi buufata raadiyoo Sandaafaa xumuramee hojii jalqabuuf qophii irra jira jechuun kur.2ffaa keessa gabaafamee kur.3ffaattis kan gabaafame qophiirra jiraachuu isaa;
- Ijaarsi Pirojektii MB Ifa Boruu tokko tokko hanqina qulqullinaa qabaachuu, utuu hin xumuramiin eebissiisuufi kan xumurame keessattis waantoota guutuu qaban guutee barsiisuu dhabuu. Fkn: Baabbilee, Sabbataa

Tarkaanfii Fudhatame

- Manneen barnootaa Bultii Adaa 7n irratti ogeeyyii BBOfi caasaa barnootaa sadarkaan jirani waliin qindoomuun iddoo saayitii ijaarsaatti argamuun deeggarsi taasifamaa kan jiruufi hanga waxabajjii 30/2014tti xumuramanii akka eebbifamaniif irratti hojjatamaa jira,
- Pirojektii Buufata Raadiyoo Sandaafaa ilaalchisee ijaarsi gamoo 100% kan xumurame yoo ta'u tiraanismiitara haaraa dhaabame hojii jalqabsiisuuf meeshaa biyya Ameerikaa irraa dhufu eegamaa waan jiruuf ji'a Waxabajjii 15/2014 booda akka qaqqabu eegamaa jira.

Qophiifi Hojiirra Oolmaa Sirna Barnootaa

- Kitaaba sirna barnoota haaraa kutaa 1-8 Manneen barnootaa sad.1ffaa 81 filataman keessatti yaalii geggeessuun galtee argameen kitaaba gabbisuuf karoofamee haaluma karooraatiin raawwatamuunsaa gaarii ta'us rakkoo kitaabaa manneen barnoota keessatti hudhaa guddaa ta'aa jiru.

Tarkaanfii Fudhatame

Sirni barnootaa akka biyyaatti waan jijjiirameef bara 2015tti kitaaba haaraa maxxansuuf Mootummaa Naannoo baajata qarshii Bil.3.5 ol gaafatamee hojiitti galamee hojjatamaa jira. Kitaaba moofaa yeroo ammaa kana harka barataa jiru bara 2014 booda guutumatti waan jijjiiramuuf isa irra deebiin maxxansuun qabeenya qisaasuu waan ta'eef hanga kitaabni haaraan dhufutti sadarkaa mana barumsaatti "soft copy" kennuun yeroo furmaatni akka kennamu ta'ee jira.

Kutaa II-Kabaasa Kurmaana 4ffaa bara 2014

1. Carraa Barnootaa

1.1. Baballina Dhaabbilee Barnootaa

Manneen barnootaa barattootaaf qaqqabamaa taasisuufi barattoonni fageenya dheeraa osoo hin deemiin barachuu akka danda'aniif, babal'ina dhaabbilee barnootaa irratti xiyyeeffannaa addaatiin hojjatamaa tureera. Haaluma kanaan:

- BSTD (KG dabalatee) bara 2014tti 4,854 gahuuf karoorfamee raawwiin 4,862 (100.2%)dha;
- Mana barnoota Sad. 1ffaa (1-8) bara 2014tti 15,558 gahuuf karoorfamee raawwiin 15,201(97.71%) dha;
- Mana barnoota Sad. 2ffaa (9-12) bara 2014tti 1,490 gahuuf karoorfamee raawwiin 1342(90.1%)dha;

1.2. Hirmaanaa Barattootaa Waliigalaa

BSTD:

Karoora 1,018,769 (Dhi.498,423 Dub.520,346) raawwiin 1,123,874 (dhi 596,628 dub 527,246) (110.3%)dha.

Sad. 1ffaa kuta (1-8):

Karoora 9,247,222 (Dhi.4, 849,330 Dub.4, 397,892) raawwiin 8,248,147 (dhi 4,371,376 dub 3,786,347) (89.2%)dha.

Sad.2ffaa (kuta 9-12) :

Karoora 1,454,123 (Dhi 797,034 Dub.657, 089) raawwiin 1,302,016 (Dhi 690,238 Dub 611,778) (89.5%)dha.

Waliigala BSTD irraa hanga kutaa1-12 karoora 11,720,114(Dhi 6,221,787 Dub.5, 499,327) raawwiin 10,674,037 (Dhi 5,709,665 Dub.4, 964,372) (91.07%) irra gahee jira.

Yaadama Haaraa (initiatives) MB Bultii Addaafi MB Addaa sad.2ffaa ilaalchisee:

- MB Bultii Addaa keessaattii Afaanota Idil-Addunyaa:Fireench,Chaayinaafi Afaan Arabaa akka dabalataatti barsiifamaa jira;
- Hariiroon cimaan dhaabbilee barnootaa ol'aanoo (Univesity) fi Industiriiwwan Naannoo keenya keessatti argaman waliin walitti hidhamiinsa uumuun ce'umsi Tekinolojii fi Beekumsaa hojjatamaa jira;

Hirmaanaa Barattootaa MB Bultii Addaafi MB Addaa sad.2ffaa

- MB Bultii Addaa 7 keessatti barattoota simachuun barsiisuuf karoorfamee raawwiin 7(100%) irra jira.
- Hirmaanaa Barattootaa MBBA sad. 2ffaa (9-12) 1,522 karoorfamee, raawwiin 1,522 irra jiru;

- MB Addaa sad.2ffaa 40 hundeessuuf karoorfamee: Godinaalee keessatti 15,Bulchiinsa Magaalaa keessatti MB 6 fi Yuunivarsiitiiwwan keessatt MB 11waliigalaan MB 32 (80%) hundeeffamee hojii barnootaa gaggeessaa jira.
- Hirmaannaa barattoota MB Addaa karoora 3,200 yoo ta’u raawwiin Waligalaan 3,618 (Dhi 2,037 dub 1,581) irra jira.

Hubachiisa: *Manneen Barnootaa fi hirmaannaan barattootaa MBBA fi MBA sad.2ffaa hirmaannaa barattootaa waliigalaa keessa kan jirandha.*

Barnoota Ga’eessotaa fi Idileen Alaa

- Ga’eessotaa 3,000,000 barsiisuuf karoorfamee raawwiin 1,724,057 (dhi 1,038,488 dub 685,569) (57.5%) dha.

Barnoota Galgalaa:

Kutaa (1-8) barattoota 28,848 (dhi11, 842fi Dub12, 578) karoorfamee, raawwiin 22,249(dhi.11, 009fi Dub. 11,212) (77.2%) irra jira.

Kutaa (9-12) 76,396 (dhi.41, 278 fi Dub 29,118) karoorfamee, raawwiin 53,357 (Dhi. 32,189 fi Dub. 21,168) (70%) irra jira.

Barnoota Fagoo 5-12)

- kutaa (5-12) barattoota 16,325 (dhi. 10,828 fi Dub 5,497) karoorfamee, Raawwiin 12,851(dhi. 9032 fi Dub. 3,819) (78.7%) irra jira.

Barnootni bu’uuraa filannoo (BBF)/ABE

- Barattoota marsaa 1-3 bara 2014tti 147,164 (dhi 76,785, dub.70, 379) karoorfamee, raawwiin 107,423(dhi. 60,820, dub. 46,603)(73%)dha.

HUB: - Hirmaannaan barnoota Bu’uuraa Filannoo, Barnoota Galgalaa fi Barnoota Fagoo hirmaannaa barattootaa waligalaa keessa jira.

Hirmaannaa Leenjii Kaadhiamtoota KBB

- Barsiisota dubaraa dippiloomaan KBB irraa eebbifamanii MGO qaban MB Bu’uura Boruuf bara 2014tti 3000 calaluun leenjiisuuf karoorfamee; raawwiin **2,879 (96%)** irra jira;
- Barnoota Sadarkaa Tokkoffaan Duraatiif **haaraa** Sagantaa Idileen dippiloomaan 800 simachuun leenjisuuf karoorfamee raawwiin 702(88%) irra jira;
- Sagantaa Digriin **haaraa** barattoota 500 simachuun leenjisuuf kaaroorfamee raawwin 501 (100%);
- Kaadh/barsiistotaa Sagantaa Idileen waggaa 3ffaafi 4ffaa 1,998 (dhi 1361 Dub 637) leenji’aa turan; raawwiin 1953(Dhi 1331 dub 622) (97.8%) irra jira;
- Sagantaa Gannaatiin kaadhiamtoota barsiistota waggaa 3ffaafi 4ffaa 15,925(Dhi 9297 dub 6628) leenjisuuf karoorfamee; raawwiin 15,612(dhi 9,124 dub 6,488) /98% irra jira;
- Akkasumas sagantaa Galgala karoora 333; raawwiin 318(95.5) yoo ta’u waliigala kadhiamtoota barsiisotaa 17,883 simachuun sadarkaa dippiloomaatiin leenjiin kennamaa jira.
- Qo’annoofi Qorannoo Rakkoowwan siistama barnoota naannoo keenyaa mata duree 3 adda irratti hojjatamaa jira;
- **Mata dureewwan kunniinis:**
 - i. Rakkoo harcaatii barattootaa kutaa 1ffaa,5ffaa fi 9ffaa;

- ii. Dhiibbaa fooyya'insi Manneen Barnootaa barachuu barattootaa irratti fide fi
- iii. Dhiibbaa dura bu'oota fi supparvaayizaroota MB istaandardii guutanii mana Barumsaa irratti ramadaman fidan jedhamandha.

1.3. Walgitiinsa Barnootaa Mirkaneessuu

A. Garaagarummaa Koornayaa dhiphisuu

- BSTD bara 2014tti 0.99 dhiphisuuf karoofamee raawwiin 0.88 irra jira.
- Kuta 1ffaa bara 2014tti 0.90 dhiphisuuf karoofamee raawwiin 0.87 irra jira.
- Kan kutaa 1-6 bara 2014tti 0.91 dhiphisuuf karoofamee raawwiin 0.87 irra jira.
- Kan kutaa 7-8 bara 2014tti 0.85 dhiphisuuf karoofamee raawwiin 0.86 irra jira.
- kan kutaa 9-12 bara 2014tti 0.81 dhiphisuuf karoofamee raawwiin 0.89 irra jira

B. Hirmaannaa Barnoota Fedhii Addaa (BFA)

- Kutaa 1-8 bara 2014tti 93,012 (Dhi 54,956 Dub 38,056) karoofamee raawwiin 50,572 (Dhi 28,573 Dub 21,999)/101% irra jira;
- Kutaa 9-12 bara 2014tti 6,804 (Dhi 4,275 Dub 2,529) karoofamee raawwiin 6,397 (Dhi 3,629 Dub 2,768)/94% irra jira;

C. Hirmaannaa Barnoota Aanaa Horsiise Bulaa

Sadarkaa	Karoora			Raawwii			%
	Dhi	Dub	Wal	Dhi	Dub	Wal	
BSTD	67,865	53,224	121,089	53,875	43,004	96,879	80.0
Kutaa 1-8	492,638	365,620	858,258	470,825	359,489	830,314	96.7
Kutaa 9-12	50,685	29,871	80,556	45,483	29,795	75,278	93.4
BSTD -12	611,188	448,715	1,059,903	570,183	432,288	1,002,471	94.6

1.4. Gahumsa Keessoo Barnootaa (internal efficiency)

Barattoota carraa barachuu argatanii gara manneen barnootaa dhufan haftee tokko malee MB keessa tursiisuuf deeggarsi taasifamaa turuus; barattoonni sababa rakkoo nageenyaa, hongeeffii sababoota adda addaa birootiin barattotni barnoota isaanii irraa hafanii jiru.

Hojiwwan hojjatamaniin barattoota sababoota nageenyaafi hooheen MB irraa hafan 350,000 keessa 156,845 gara mana barumsaa deebisuun barnoota isaanii akka itti fufan taasifamee jira

Haftee Barattootaa

Kutaa	Kan Galmaa'an			Haftee			%n
	Dhi	Dub	Wal	Dhi	Dub	Ida	
1ffaa	949,724	822,068	1,771,792	52,125	50,645	102,770	5.80
kutaa 1-8	4,371,376	3,786,347	8,248,147	245,052	244,124	489,176	6.00
kutaa 9-12	690,238	611,778	1,302,016	26,587	25,475	52,062	4.00
kutaa 1-12	5,061,614	4,398,125	9,459,739	271,639	269,599	541,238	5.72

2. Qulqullina Barnootaa

2.1. Qulqullina barnootaa mirkaneesuuf hojiwwaan hojjetaman

2.1.1. Hira Barsiisaa - Barataa

- Hira barataa barsiisaa Barnoota sadarkaa 1ffaan duraa bara 2014tti 1:30 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin 1:70 irra jira.
- Hira barsiisaa barataa Barnoota sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 1:50 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 1:48 irra jira;
- Hira barsiisaa barataa Barnoota sadarkaa 2ffaa bara 2014tti 1:40 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 1:46 irra jira;
- Hira barsiisaa barataa Kolleejjii Barnoota barsiisotaa bara 2014tti 1:40 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 1:40 irra jira.

Hubachiisa: *Hira barsiisaa barataan wal qabatee ragaan jiru kun kan waliigala Oromiyaa yammuu ilaalamu istaandardii jiruun kan guute fakkaatus, gosa barnootaa hundaan yammuu ilaalamu hanqina barsiisaa guddaa jira.*

2.1.2. Hira Kitaabaa – Barataa

- Hira kitaaba barataa sadarkaa hundaan bara 2014tti 1:2 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin 1:3 irra jira.
- Moojuloota KBB bara 2014tti 1:1 irraah gahuuf karoorfamee, raawwiin 1:1 irra jira.

2.1.3. Hira Barataa - Daree

- BSTD 2014tti 30:1 irraan gahuuf karoorfamee raawwiin 65:1 irra jira.
- MB sad.1ffaa bara 2014tti 50:1 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 48:1 irra jira;
- MB sad.2ffaa bara 2014tti 40:1 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 46:1 irra jira;
- KBB moojula leenjifamtootaa bara 2014tti 40:1 irraan gahuuf karoorfamee, raawwiin 40:1 irra jira.

2.2. Fo'annaa fi Qophii Barsiisootaa

Qacarrii Barsiistotaa

- Barsiisota BSTD irratti bara 2014tti leenji'an 3,000 qaxaruuf karoorfamee raawwiin **2968 (98.9%)** qaxaramanii jiru,
- Qacarrii barsiisota sad.1ffaa haara **7,502** gaggeessuf karoorfamee raawwiin barsiisota diploomaa **2,693 (36%)** qaacaruun danda'ameera,
- Qacarrii barsiisota sad. 2ffaa haara **4,860** gaggeessuf karoorfamee barsiisota haaraa digrii duraa qaban **2,587 (53.2%)** qaacaruun hojiitti bobba'anii jiru

Sababni raawwiin qaxarrii barsiisota sad.1ffaa fi sad.2ffaa gadi bu'eef Aanaalee hedduun sababa hanqina baajataan qaxarachuu dhabuu, barsiisonni iddoo ramaddii isaaf kenname deemuuf fedhii dhabuufi Gosa barnootaa Ingiliffaafi A/Amaaraan barsiisaan gabaa irraa dhabamuu dha.

Akka waliigalaatti dhiyeessii barsiisotaa BSTD bara 2014tti 17,015n gahuuf karoorfamee raawwiin 11,867(70%) irra jira. Barsiisota sad.1ffaa bara 2014tti 176,268n gahuuf karoorfamee raawwiin 171,459(97%) ga'ee jira. Haaluma walfakkaatuun barsiisota sad.2ffaa bara 2014tti 44,390 gahuuf karoorfamee raawwiin 42,117(94.8%) irra gahee jira.

Jijjiirraa Barsiisaa

- Jijjiirraa barsiisotaa Aanaa irraa gara Aanaatti karoorri 3450 raawwiin Ida'ama 3218(**93.2%**) (dhi. 2236 dub. 982) jijjiirraa argatanii jiru.
- Jijjiirraa barsiisotaa godina irraa gara godinaa karoora 2555 raawwi 1883 (**73.6%**) (dhi. 1466 dub. 417) dha;
- Jijjiirraa barsiisotaa Naannoo gara Naannooti karoora 592 raawwiin 77(13%) (dhi. 34 dub. 22) dha.

Hirmaanaa barsiistota dubaraa fooyyassuu

- Hirmaanaa barsiisota dubartoota mana barumsa BSTD bara 2014tti 85% irraan gahuuf karoorfamee **91%** % irra jira;
- Hirmaanaa barsiisota dubartoota MB Sad. 1ffaa bara 2014tti 50% irraan gahuuf karoorfamee 41.1% irra jira;
- Hirmaanaa barsiisota dubartoota MB sad 2ffaa bara 2014tti **25%** irraan gahuuf karoorfamee **18.3%** irra jira;

Barsiisota Ulaagaa/standard/ Guutan

- Barsiisota BSTD (KGfi MB BSTD) bara 2014tti 17,015 **karoorfamee** raawwii 11,867(70%) dha.
- Manneen barnoota sad. 1ffaa bara 2014tti **93%**tti irraan gahuuf karoorfamee raawwiin **93.2% irra jira.**
- Manneen barnoota sad. 2ffaa bara 2014tti 100%tti fooyyeessuuf karoorfamee, raawwiin 95.1% irra jira.

Leenjii Hojii Irraa Barsiistotaa (Upgrading Trainnig)

Sagantaa Gannaan B/sotaaf Kennamu

- Sagantaa barnoota gannaatiin dippiloomaa irraa digirii duraatti basiisonni 17,999 (dhi. 12,152 dub.5, 863) barnoota hordofaa jiru.
- Digrii 1^{ffaa} irraa gara digrii 2ffaa basiisonni 3,483 (dhi. 2,596 dub. 598) barachaa jiran hordofuu.

Leenjii Gaggabaaboo Hojiirraa (Updating Training)

- Mala baruu-barsiisuu daree keessaa irratti barsiisota kutaa "O" barsiistota 3,583 leenjisuuf karoorfamee **3,511(dhi 1,515 dub 1,996) (98%) leenji'anii** jiru.
- Leenjii leenjistootaa barsiisota BSTD(daree-O) karoora 81 raawwii 81(dhi. 75 dub. 6)(100%) raawwateera;
- Mala barubarsiisuu saayinsiifi herregaa kutaa 5fi6 cimsuuf leenjii leenistootaa barsiisota 140f kennuuf karoorfamee raawwiin barsiisota 133(dhi. 102 dub. 31) (95%) dha.
- Leenjii barsiisota marmaaroo wiirtuu barnoota fedhii addaa meeshaalee montosorii irratti kenname karoora 75 raawwii 75(100%);
- Leenjii Aflatoo barsiisota wiirtuu barnoota fedhii addaa haaraa hundeeffamaniif kenname. Karoora 76 raawwii 76(100%);
- Leenjii humna raawwachiisummaa barsiisotaa cimsu MB sad.1ffaafi 2ffaa **231,841** kennuuf karoorfamee raawwiin **215,025** (93%) ta'aniif kennamee jira.

- Leenjii barsiisota barnoota sadarkaa lffaan duraa (BSTD) barsiisan 3,583 leenjisuuf karoofamee raawwiin dhi.1498, dub.2013 ida. 3511 (98%%) leenji'anii jiru;

Dagaagina Ogummaa Walitti Fufaa (DOW) Barsiistotaa

- Barsiisota Sad.1ffaa karoora 171,096 raawwiin 108,273(63.3%)dha;
- Barsiisaa Sad.2ffaa karoora 41,055 raawwiin 28,882(70.3%) dha;

Hooggansa Manneen Barnootaa:

Hoggansa Manneen Barnootaa Istandardii (ulaagaa) bakkichi gaafatu guutan:

- Dura Bu'oota manneen barnootaa Sad.1^{ffaa} 14,984 jiran keessaa (9,140) (**61%**)istaandardiin gahuuf karoofamee, raawwiin 9,404(dhi. 8295fi dub.1109)(**65.8%**) ta'ee jira;
- Dura bu'oota manneen barnootaa Sad.2ffaa 1,321 jiran keessaa 845(**64%**) istaandardiin gahuuf karoofamee, raawwiin 974(dhi.936 fi dub. 38) (**74%**)dha;
- Suparvaayizaroota sadarkaa lffaa istaandardii guutan bara 2014tti 2,777(100%) geessuf karoofamee 2564 (dhi. 2466, dub. 98) (93.3%) irra gahee jira.
- Suparvaayizaroota manneen barnootaa sad. 2ffaa (9-12) istaandardii guutan bara 2014tti 365(**90%**) gahuuf karoofamee raawwiin 329 (dhi 323 dub 6) (**90.3%**) dha;

Hirmaannaa Hoggansa Dubartootaa

Dura Bu'oota MB

- MB Sad.1ffaa bara 2014tti **20%**tti guddisuuf karoofamee raawwiin **13.1%** irra jira.
- MB Sad.2ffaa(9-12) bara 2014tti **15%**tti guddisuuf karoofamee; raawwiin **8%** irra jira.

Supparvaayizaroota MB

- MB Sad.1ffaa bara 2014tti gara 15% ol guddisuuf karoofamee raawwiin **4.4%** irra jira.
- MB Sad.2ffaa bara 2014tti 12%tti ol guddisuuf karoofamee, raawwiin **4.5%** irra jira.

Hirmaannaan hoggansa dubartoota MB sad.2^{ffaa} fi supparvaayizarummaa irratti sababni gadi bu'eef iddoo dorgomanitti sababboota adda addaatiin deemanii hojjachuuf fedhii dhabuu. Fkn: Istandardiin taa'e haala qabatamaa barsiisota dubartootaa waan giddugala hin godhanneef, Rakkoo nageenyaa, hojii gadi lakkisuu, kanneen Istaandaardii guutuu danda'an bakka fageenya qabu adeemanii hojjachuuf fedhii dhabuu.

Leenjii Humna Raawwachiisummaa Hoggansaa MB

- Dura Bu'oota MB 3,028 leenjii iyyaafannoo walitti fufaa daree keessaa leenjisuuf karoofamee; raawwiin **836 (dhi. 613 dub 223) (27.6%)** leenji'anii jiru.
- Leenjii deggarsaafi hordoffii '**coaching**' Dura bu'ootafi supparvaayizaroota 4,300 leenjisuuf karoofamee raawwiin 1875(dhi.1796 dub 79)/43.6% leenji'aniiru;
- Manuwaalii leenjii/Dokimantiin/ hoggansa MB fi b/sota mata dureewwan 5 of keessatti hamate qophaa'ee koppiin **17,000** maxxanfamee manneen barnootaa hunda akka qaqqabuuf karoofamee haala karooraan raawwatee jira.
- Manuwaalii leenjii qophaa'e Vidiiyoon waraabuun irratti filaashiidhaan Aanaalee hunda kennamee jira. Haaluma kanaan:
- Manuwaalii leenjii qophaa'ee irratti leenjii leenjistootaa hoggantoota 399f kennuuf karoofamee raawwiin dhi.366 dub. 11 ida. 377(94.5%) dha.
- Leenjiin humna raawwachiisummaa hoggansa manneen barnootaa sad.1ffaa fi 2ffaa bifa qindoomina qabuun matadureewwan filataman irratti sadarkaa anaatti

namoota 26,815 kennuuf karoorfamee dhi. 22,583 dub. 2676 w.g. 25,259 (94%) leenjicha fudhatanii jiru.

- Hoggansa Sad.1ffaa DOW hojjatan karoora 21,110 raawwiin 10,367(53.3%) dha;
- Hoggansa Sad.2ffaa DOW hojjatan karoora 2,488 raawwiin 1,157(46.5%) dha.

2.3. Faasilitii Mana Barnootaa Guutuu

- **Mana dubbisa** MB sad.1ffaa 14,086 keessatti hundeesuuf kroorfamee; raawwiin 8,222 (58.37%) yoo ta'u; MB sad.2ffaa 1,296 hundeesuuf karoorfamee; raawwiin MB 1107 (85.41%) hundaa'ee tajaajila kennaa jira.
- **Mana yaalii** Manneen barnootaa sad. 1ffaa 2,550 fi sad. 2ffaa 957 qabu.
- **Tajaajila bishaanii** bara 2014tii manneen barnootaa 3,331f galchuuf karoorfamee; raawwiin **3,513 jira.**
- **Tajaajila Ibsaa** bara 2014tii manneen barnootaa 3,654 galchuuf karoorfamee; raawwiin 1,892 (irra jira,
- **Mana qulqullinaa** sadarkaa 1ffaa bara 2014tti 2,750 karoorfamee, raawwiin 4,226 irra jira

Faasiliitiwwaan Manneen Barnootaa Guutuuf Hojjetaman

- Biqiltuu 91,530,000 dhaabbuuf karoorfamee raawwii 194,094,060 (>100%) irra jira.
- Kolleejjoonni MB sad.1ffaa 26 sadarkaa isaanii akka fooyyeffatan deeggarsa meeshaalee barnootaa gosa adda addaa taasisaniin tilmaamni Qarshii 91,000.00 gumaachuuf karoorfamee Raawwii qar.867,200 (>100%) gumaacha taasisanii jiru,
- Kitaaba wabii bara 2014tii 3,000,000 walitti qabuuf karoorfamee raawwiin 2,261,029 walitti qabameera.
- Barattoota H/Qalleeyyii 100,000 deeggaruuf karoorfamee; raawwiin brattootni 612,156 deeggarsa argatani jiru.
- Manneen barnootaa 7132 magariisaa taasisuuf karoorfamee; raawwiin 15,160 magariisa ta'anii jiru.

Hojiilee sagantaa "WaSH" (OWNP-CWA-II)

- Bishaan manneen barnootaa 39f galchuuf karoorfamee hojiin isaa manneen barnootaa 41 keessatti parsantii 100n xumurameera.
- Mana Fincaanii fooyya'aa bilookii 28 ijaarsisuuf karoorfamee bilookiin 19 xumurameera. Ijaarsi bilookii 9 immoo sadarkaa addaa addaarra jira.
- Kutaa tajaajila marsaa laguu (MHM) haaraa bilookii 41 manneen barnootaa keessatti ijaarsisuuf karoorfamee bilookiin 39 xumuramee tajaajila kennaa kan jiru yoo ta'u, ijaarsi bilookii 2 giddugaleessaan >50% irra ga'eera.
- **Dhaabbata UNICEFtin** Godina 8 aanaalee 44 naannoo MB 2,331 saamunaa 200,000 MB1888f raadiyoofi filaashii 2100 deeggarsaan raabsameef jira.
- Ampuulii Ifa Aduutiin hojjetu 27,678 godinaalee pirojektii USAID keessa turaniif deeggarsaan dhufe raabsamee jira.

Hojiilee Tajaajila Lammumaatiin Hojjataman tokko tokkoon bajata ittiin hojjatame waliin yoo ibsamu

Gosa Hojii/Tajaajilaa	Safartuu	Karoorafi Raawii		Raawwii hang ji'a kanaa					
		Karoora	Raawwii	Humna Namaa hirmaate	Tilmaama humnaan	Tilmaama Meeshaan	Maallaqaa callaa	Ogummaan	Ida'ama
Ijaarsa M/B Bu'uura Boruu Ijaaru	Lakk	3,000	3,011	2,731,149	1,847,823,852	992,629,345	4,331,153,699	60,518,955	7,232,125,851
Daree Dabalataa Ijaaru	Lakk	9,770	10,999	1,255,207	325,175,342	4,122,209,565	691,278,363	532,012	5,139,195,282.00
Daree Barnootaa Suphuu	Lakk	12,670	22,024	958,562	152,651,486	174,539,412	213,694,911	271,326	541,157,135.00
Mana fincaanii MB	Lakk	2,750	4,226	907,591	43,938,377	76,119,756	186,220,800	135,663	306,414,596.00
Tajaajila Bishaan MB	Lakk	3,331	3,513	67,557	29,513,693	15,397,495	34,590,340	4,000	79,505,528
Tajaajila Ibsaa MB	Lakk	3,654	1,892	293,298	20,861,341	11,296,883	32,716,903	0	64,875,127
Kitaaba Walitti qabuu	Lakk	3,000,000	2,261,029	729,466	77,974,049	108,381,546	121,563,116	0	307,918,711.00
M/Jireenya Barsiisotaa Ijaaru	Lakk	7,000	13,631	315,861	315,861	80,686,725	130,453,918	221,000,079	432,456,583.00
Barattoota H/Qalleeyyii Deeggaruu	Lakk	100,000	612,156	91,882	7,875,149	268,698,814	81,179,433	0	357,753,396.00
Biqiltuu Dhaabuu	Lakk	91,530,000	194,094,060	3,867,081	987,432,855	677,906,920	362,254,414	0	2,027,594,189.00
Barnoota Ga'eessotaa	lakk	3,000,000	712,461	-	17,087,267	14,550,917	19,763,133	271,326	51,672,643.00
Oddoo manneen barnootaa magariisaa taasisuu		7,132	15,160	470,418	148,478,322	62,333,501	44,633,218	81,398	255,526,439.00
Ida'ama					3,659,127,594	6,604,750,879	6,249,502,248	282,814,759	16,796,195,480

Hirmaannaa Ummataa tilamaama mallagaan

Gosa Hojii	Karoora waggaa	Raawwii waggaa	%
Humnaan	7,500,000,000.00	3,659,127,594	48.8
Meeshaan	6,250,000,000.00	6,604,750,879	105.7
Maallaqaan	10,000,000,000.00	6,249,502,248	62.5
Ogummaan	1,250,000,000.00	282,814,759	22.6
Ida 'ama	25,000,000,000.00	16,796,195,480	67.2

Galii keessoo manneen barnootaa **391,519,630.93** karoorfamee raawwiin **410,500,167.92** (104.85%)
HUB:- Galiiin keessoo Manneen Barnootaa kun kan himaannaa hawaasaa irraa argame hin dabalatu.

2.4. Sirna Barnootaa

Qophii Kitaabaa Barataa

- Siilabasii sirna barnoota haaraa BSTD fi sadarkaa 1ffaa akaakuu barnoota 7 gara Naannoo keenyaatti madaqsuuf karoofamee 100% raawwatee jira;
- Kitaabni sirna barnoota haaraa kutaa 1-8 MB sad.1ffaa 81 filataman keessatti yaalii geggeessuun galtee argameen kitaaba gabbifamee jira
- Barsiisota manneen barnoota ‘pilot test’f filatamanii 2,235f leenjii madaqiinsaa marsaa 2n kennuuf karoofamee 100% raawwateera;
- Qophiin kitaabilee barnootaafi Qajeelcha barsiisaa kutaa 1-7 Afaan Oromootiin kitaaba barataa **(42)**fi Qajeelcha barsiisaa **(42)** qophaa’e xumuramee kun sagantaa Afaan Amaariffaan barataniif (kitaabonni **35**) akka hikkamu ta’eera
- Kitaabonni Afaan Oromootiin qophaa’anis barattoota.
- Kitaaba barattootaa kutaa 10 gabbatee (enriched curriculum) akaakuu barnoota 7 barsiisota filatamaniin marsaa 3n qophaa’anii ‘soft copy’ manneen barnoota dandeettii addaa qabaniif ergameera.
- Kitaaba barattootaa fi qajeelcha barsiisotaa kutaa 8^{ffaa} **8*2=16 fi Afaan Ormoo kutaa 9-10 2*2 = 4** walitti kitaabilee **20** ‘Review’ taasisuun gara Afaan Amaaraatti hiikuufi maxxansaaf qopheessuuf karoofamee hojiin ‘Review’ ogeessota yuunivarsiitiifi KBB irraa nama **22** hirmaachisuun xumuramee mana maxxansaa galeera.

Maxxansa fi Raabsaa Kitaabaa

- Kitaabilee BSTD kutaa “O”fi kutaa (1-6) 758,994 maxxansiisuun raabsuuf karoofamee raawwiin 747,541(98.5) raawwateera.
- Kitaabilee ‘Pilot Test’fi Barnoota Gadaa kutaa (1-8) 1,740,437 maxxansiisuun raabsuuf karoofamee maxxansifi raabsaan kitaaba 1,498,053(86%) raawwateera.
- Kitaabnii yaalii sirna barnootaa haaraaf oolu mana maxxansaatii bahuu irratti waan harkifateef, kitaaba barattootaafi qajeelchi barsiisotaa 10,230 KBB shan keesstti baay’isuudhaan manneen barnoota yaaliif filataman akka hojii baruuf barsiisuu ittiin egalan taasifameera.
- Kitabonnii kutaa 9^{ffaa} bifa addattin gabbatanii/Enriched Curriculum for Special schools/manneen barnoota bultii addaaf kitaabni 12,250 qophaa’ee maxxanfamee raabsameera.
- MB sadarkaa 1^{ffaa} yaaliin sirna barnootaa irratti gaggeeffamu akaakuu barnootaa 8 sagantaa Afaan Oromootiif kitaabilee barattootaa **527,200** maxxansuun raabsuuf karoofamee; kitaabni **421,760**(80%) maxxanfamee raabsameera. Akkasumas MB sadarkaa 1^{ffaa} sagantaa Afaan Amaaraa yaaliin sirna barnootaa irratti gaggeeffamu akaakuu barnootaa 8 kitaaba barataa **91,979** maxxanfamee raabsameera.
- Kitaabileen Barnoota Ga’eessotaa marsaa 1^{ffaa} 700,000 maxxansuuf karoofamee hundumti isaa maxxanfamee raabsameera.
- Qajeelcha haala mijeessitootaa Barnoota Ga’eessotaa marsaa 1^{ffaa} 17,500 maxxansuuf karoofamee haaluma karooraatiin maxxanfamee raabsameera.

Nyaata Barattootaa

- Nyaata Barattootaa baajata Qar. 264,000,000.00 BBO n ramadeen godinaalee horsiisee Bulaa 7, aanaalee 28, manneen barnootaa 818 keessatti barattoota 390,158 nyaachiisuuf karoofamee, aanaalee 30 manneen barnootaa 1,062 keessatti barattootni 439,673 akka nyaataan taasifameera.
- GAONFtti nyaata barattootaa Aanaalee 7, manneen barnootaa 298 keessaatti barattoota 176,106 baajata qa. 450,000,000.00 ramadameen nyaataa dhiheessuuf karoofamee Aanaalee 7 manneen barnootaa 300 keessatti barattoota 163,565(93%) fayyadamaa jiru.
- Dhaabbanni save the children godinaalee 2 aanaalee 3 keessatti barattoota 47,103 nyaachisuuf karoofatee barattoota 53,930 nyaachisaa jira. Bifuma walfakaatuun dhaabbanni WFPn godinaalee 2, aanaalee 5, manneen barnootaa 168 keessatti barattoota 73,447(>100%) baajata 23,052,626 fayyadamaa jiru.
- Dabalataaniis magaaloota adda addaa keessatti deegarsa namootaa dhuunfaafi dhaabbilee tola ooltoota adda addaatin taasifameen magaaloota Bishooftuu, Baatuu, Adaamaafi laga xaafotti manneen barnootaa 18 keessatti barattootni 5,166 nyaata akka argataan ta'ee jira.

Walumaagalatti, bara 2014tti godinaalee 12, aanaalee 47, mb 1,655 keessatti barattoota **735,221f qar. 567,114,713** barattoota fayyadamoo gochuun danda'ameera.

2.5. Barnoota ICT

Barnoota Teknoloojii Dijitaalaa Deeggaruu qulqullina barnootaa fooyyessuuf hojjiileen hojjataman:

Barnoota Raadiyoo

- Ijaarsa Buufata Raadiyoo Sandaafaa xumuramee hojii jalqabuuf qophiirra jira(98%)
- Uwwisa Barnoota Raadiyoo MB sad.1ffaa 85% dhaqabsiisuuf karoofamee raawwiin 84% dha.

Laboraatorii Kompitaraa

- Laboraatorii Kompitaraa MB Sad.2ffaa 85% gahuuf karoofamee raawwiin 50% dha.
- Laaboraatorii Kompitaraa KBB 95%tti guddissuuf karoofamee raawwiin 80% dha.
- Manneen barnootaa Bultii Addaa 7f networkii laaboraatorii kompiyuteraa haaraa diriirsuuf karoofamee manneen barnootaa 5(71%) keessatti raawwatee jira.

Tajaajila 'internet'

- Tajaajila 'internet' MB Sad.2ffaa 55% n gahuuf karoofamee raawwiin 54% irra jira.
- Tajaajila 'internet' KBB 75% n gahuuf karoofamee raawwiin 74% irra jira.

Ragaa Barnootaa(EMIS)

- Barruun Ragaa Barnoota Wagga (Annual Education Abstract) bara 2013 qophaa'ee ittiin hojjatamaa jira,
- Ragaa barattootaa Bara 2014 bifa hammaayyooheen moosaajii hojjechuun gaafannoon qophaa'e ragaan wayitaawaafi qulqulluu ta'ee ittiin qindaa'ee hojjatamaa jira.

2.6. Pirojektii Ijaarsa Manneen Barnootaa

- Ijaarsii Kolleejjii Barnoota Barsiisootaa Naqamtee Bara baajata kanaatti kan ce'e yoo ta'u raawwiin fizikaalaa 100% xumuramee jira jira.
